

Seeta Labsii Baqataa 2006

SPECIAL ISSUE

Kenya Gazette Supplement No. 97 (Acts No. 13)



REPUBLIC OF KENYA

KENYA GAZETTE SUPPLEMENT ACTS, 2006

NAIROBI, 2nd January, 2007

CONTENT

Act—
The Refugees Act, 2006.....

PAGE

HIKA WALIGALAA (OROMO VERSION)



**Degeertoota Baqataa Keeniiyyaa (RCK)
fi Muumicha Miniisteera Imiigireeshiinii
fi Galmee Namaatti Mummee Dhimma
Baqataatiin kan Qophaa'ee**

Supported by:



Danish Refugee Council

Seeta Labsii Baqataa 2006



HIIKA WALIIGALAA (OROMO VERSION)

Kimechapishwa na
Shirika la Wakimbizi la Kenya,
na
Idara ya Maswala ya Wakimbizi

Refugee Consortium of Kenya
HAKI HOUSE, Ndemi Road
off Muringa Road, Kilimani
P. O. Box 25340 00603
Lavington, Nairobi
Tel: 254-20-3860418/ 3875614
Fax: 254-20-3874135
www.rckkenya.org

© 2007 Refugee Consortium of Kenya

Qabiyyee

Jalqabbii	5
Galata	5
Seensa	6
Eenyutu gaafataa mirga baqatummaa jedhama? (Eenyutu koolu galaadha?)	6
Eenyutu baqata jedhmaa? (Eenyutu koolu galaadha?)	6
Eenyutu ulaaga baqatummaa guutachuun baqataa jedhamaa?	8
Eenyutu dhimma baqataa bulchuuf itti gaafatamummaa qabaa?	9
1. Koomishineera Dhimma Baqataa	9
2. Boordii Ol-iyannaa Baqattummaa (Appeals Board)	11
3. Koree Dhimma Baqataa	11
4. Qondaala Mooraa Baqataa	12
5. Qondaala Muudamaa	12
Adeemsa sadarkaa baqatumma mirkaneessuu	14
Ol-iyannaa	15
Murtii xumuraa booda maaltu raawwata?	16
Baqataan eessa jiraachuu danda'a?	17
Mirgaa fi dirqama baqatoota Keeniiyaa keessaa.	18
Dirqamaa baqataa fi qaafatoota baqatummaa muraasa	18
Mirga baqataa fi gaafata baqatummaa muraasa;	18
Eegumsa dubartootaaf godhamu	19
Eegumsa daa'imaniif ta'u.	20
Eegumsa garee miidhamoof godhamu	20
Mulqamuu Sadarkaa Aqatummaa Sababa Sageenya Biyyaattiin	20
Ofitti amanamummaa	21
Adabbi akka seera labsii kana jalaatti (himanna bu'uura labsii kanaatiin)21	
Dambii	22

Foreword

The Refugee Act of Kenya, 2006 marks an important chapter in the management of refugee affairs in Kenya. Through this Act, the government formally resumes overall responsibility for refugee matters. It is important for all stakeholders and beneficiaries to know what this Act says, including the Department of Refugee Affairs officers, police officers, immigration officers, refugees, asylum seekers and agencies that work with refugees.

In this Information Booklet, the Department for Refugee Affairs and the Refugee Consortium of Kenya give an easy-to-use presentation capturing important information from the Refugee Act. The Booklet is reflective of RCK's and indeed the Department's continuing commitment to ensure refugee rights are known and respected, and the laws of Kenya are obeyed by citizens and guests alike.

A handwritten signature in black ink, consisting of a large, stylized initial 'P' followed by a long horizontal line that ends in a small flourish.

Peter Kusimba,
Deputy Secretary and
Head, Department for Refugee Affairs

Jalqabbii

Labsiin baqataa 2006, Sadaasaa 2006 paarlaamatti dhiyaate, preezedantin biyyatiitiin muddee 2006 fudhatama argatee, ifatti gaazeexaatti Caamsaa 2007 ba'eera. Labsiin kun seenaa biyya Keeniiyaatti seeraa tumtootaan dhimmi baqataa xiyyeffannoo argachuun kan ilaalame isa duraatii. Waggoota 16 darbaanii keessa xinjalama turee, wixiniin seeraa Bara 1991 tti turee kan dhiyaatee. Seerri kun raawwii, shoora fi ittigaafatamummaa eegumsa baqataaf fi gaafatoonni baqatumaa kan itti fayyadamoo ta'an, kan bulichiinsa gaarii fi egumsa ga'aa qabudha. Kana malees, seeroota

Dhimma baqata ilaalchisuun jiran hammatee yaada waligalaa kan keennudha labsiin Baqataa Kun halaa haaraa sirnabulchinsa baqataa keeniiyaa keessaa waa'ee labsii baqataa kan baqataaf, gaafatoota baqatummaaf, poolisootaaf, hojjaatoota mootummaaf, dhaabilee mitii mootummaaf (NGO) fi kanneen biroo kan bulichinsaa fi egumsaa baqata irratti hirmaatan hundaaf keennu.

Galata

RCK Eava Ayieraa, Simoon Konzooloo fi Juudii Wakahiuu qopheessuu fi sirna qabsisuu Barreefama kanaaf gumaachaa godhaaniif shoora isaaniif galata guddaa qaba. Gummacha godhaniif akkasumaas hojjaatoota RCK fi kan barreessee Eniid burkeef ibsaniru.

Dabalatanii deggaarsa Kara gumii dhimmaa baqatatiin Piiteer Kusiimba, Ediiwiin Ngeetiich, Oomar Dhaadhoo fi hojjatoota hafaan kan workshopii hikaa dhageetti qabu kan baqatooti erratti hirmaatan hundaa.

Maraafuu galata qabna galanii kenya dhaabata Danish goorsiitoota dhimaa baqataa kan keeniiyattii argamuu (DRC) deggeersa maallaqaa maxxansuu basii kanaaf godhee isaan haaga'uu.

Seensa

Biiyyii keeniyaa akkuma biyyoota afiriikaa kan biroo kan baqatoota biyyaa isaanii irraa sababa waraanaa, walidhabii, gochaa sukaneessaa dhaan ba'an kan simatee hamtee jiraatudhaa. Keeniyaan waliigaltee biyyoota wal-ta'an kan haala mirkaneessuu baqatummaa bara 1951 fi waliigaltee dhaboota tokkummaa afirikaa (OAU) dhimma baqata bara 1969 baasee Mallatessite fudhate jirtii.

Sadaasa 2006 keeniyyaan seera baqataa ofii labsii baqataa 2006 jedhamuu ragaasifatee seerii kuniis kan taliigaa (akkata) hojjatoota dhimmaa baqataa hordoofan mumme dhimma baqataa, poolisa , mummee koligaltoota (immiigireshinnaa)mumme mootummaa kan biro, dhaabilee mitii mootummaa, dhaaba hawasaa sivilii,bakka bu'ootaa dhaabilee motummoota wal ta'anii fi kan baqataan haala ittiin dhimaa baqataa itti hordoofanii rawwataniif gargaara barreeffamnii kun haala salphaa ta'een akka hubatanii hojiif itti gargaramaan tumsa.

Eenyutu gaafataa mirga baqatummaa jedhama?(Eenyutu koolu galaadha?)

- ☞ Gafatan mirga baqatummaa jechuun nama eegumsa barbadee biyya keeniyyaa seenee adeemsaa iyyanaa sadarka baqatummaa irraa kan jiru/ jirtu dha.
- ☞ Labsiin kun mootummaa keeniyaa kan egumsaa barbdanii keeniyaa seenaniif baqatummaa mirkaneesu yokan dhorkachuu kan dandeesisuu angoo kan kenudhaa.
- ☞ Mirgaa baqatummaa kan gafatee namnii kamiyyu hangaa sirnii adeemsa iyyana isa xumuramuuttii biyyittii keessa akka turuu ni eyyamamaaf.

Eenyutu baqata jedhama? (Eenyutu koolu galaadha?)

Labsiin baqata akka jedhutii;

“Sadarkaa qabu nami baqata jedhamu danda uu yoo gidiraaf gochaan sukanaassaa qabatamaa sababaa sanyii amantii sala lamummaa misensaa garee gargaraarsa hawasummaa yokin ilaalichaa siyaasaa

qabachuuun biyyaa dhaloota isa ala kan jiru sodaa kan qabuuf jirachu kan ka hin dandeenye biyya isaa keessa kan egumsaa jirachu barbaduu dhaa; yokan

“Lamummaa kan hin qabnee fi biyyaa dhaloota Armaan dura keessa jirataa turee ttii sodaa dhimoota gochaa sukaanesaa irra gaa e Irraafisababa armaan arman olittii caqasaman keessaa tokkoon biyyattii debii uu kan fedhii hin qabnee.”

Kana jechuun baqataan kan:

1. Biyyaa isaa ishe irra kan fedhi issaa/ofii malee baqatee ba e keeniyaa kan senee;
2. Kan biyyaa isaanii irraa sababa qabatamaa miidha sukaneesaa irraa ga ee biyyaa ba anii;
3. Hidhaaf gochaan sukaneessaan kan sababa sanyii amantii saala lamummaa ilalicha siyasaa yokan misensa garee gargarsaa hasummaa xiyyeeffataman ta uuni;
4. Sabaa sodadhaan biyyaa armaan dura jirataa turanittii deebii uu kan hidandenee yokan iddoo rakkoo ittii isaan irraa ga ee ttii kan debi anii jirachuu hindndenyee;
5. Iddoo laalli rakkisaa waraanaa jiru walidhabiin jiru lafawerri jiru y k n hallii bayyee rakkisaa nageeniyaa keessa murnaana bayyatani qubatan. Haala kana miniteerri dhimma baqataa labsiidhaan baqa tummaa isaaniigaree (murna) kanaaf ni mirkaneessa. Gareen kenis baqatoota jimilaan baqatan jedhamu.

Akka waliigalaatti:- baqataan keeniyaa keessaa nama mirga jireenyaa biyya isaatti sarbamee ykn biyya armaan dura ture keessa jiraachuu kan hindandaeny kan eegumse walaba ta'ee biyyaa keeniyaa keessatti kan hanga furmaata xumuraa argatuutti kan jiraatu jechuudha.

Mummee dhimma baqataa iyyanaa baqaa ulaagaa baqatummaa guutu danda'u hundaaf. Xinxxalee mirga baqatummaa kenna.

Eenyutu ulaaga baqatummaa guutachuun baqataa jedhamaa?

Labsiin seera baqataa kun baqataan baqatummaa dhaaf ulaagaa guutuudhaan baqataa ta'uu danda'uu karaa daangaatiinis ta'ee dirree xiyyaaraan kan keeiyaa seenan.

- ☞ Biyyaa isaanii keessatti ta'e iddoo jiratanitti qabatamaa fi dararamni irra ga'eera ta'ee,
- ☞ Miidhaan fi dararamni sababa sanyin, amantin, saala, lamummaa, ilaalcha siyaasaa, ykn miseensa waldaa tajaajila hawaasummaa ta'uun kan itti xiyeeffatame yoo ta'ee,
- ☞ Haala qabatamaa sodaachisaa ta'ee sodaachuun kan biyyatti deebi'uu hin dandeenyee yoo ta'ee dha.

Namni sadarkaan baqatummaa issa keeniyaa keessatti kan **mormamuu**(didamuu)

- ☞ Yoo yakkaa nageenya booreessu dalagee, yakka waraana yoo raawwate, ykn yakka mirga namummaa irratti yoo dalagee, kanneen kunis raawwii shoorakeessumaa yakka sanyii duguuguu,ajeexaa jimilaa, gudeeddaa fi yakkam toota waraanaaf gargaaru kkf, ykn
- ☞ Yoo yakkaa cimaa yakka siyaasaan wal-hinqabannee osoo baqatummaan keeniyaa hin seeniin dura biyya keessa jiraatutti dalagee jiraatee, yakkoonni kun ilaalcha siyaasaa nama dhuunfaa ala ta'anii garuu baayee yakkoota cimoo kanta'an. Fakenya - daa'iman bakka bakkatti godaansisuu, hojii humnaa ykn gabrummaaf affeeru, fi dararama qunnamtii saalaa irratti raawwachuu kkf.Yakkoonni kun baayyee gurguddoo fi cimoo ta'uu qabu malee kan akka hanna xixiqqaa, waa dabarsuu mitti.
- ☞ Yoo yakka sagaasaan alaa erga baqatumman Keeniyaa seenaniin booda rawwatani argaman.
- ☞ Yoo faallaa seera mootummoota wal ta'anii (UN) yokan kan tokumma mootummaa Afriikaa yokan.
- ☞ Lamummaa biyya tokkoo olii qabaatanii (Keeniiyaan ala), garuu osso eegumsa ga'aa (mirga isaaniin biyyaa lamaffaa hingaafatiin yoo Keeniyaa seenanii baqatummaa gaafatan sababa quubsa tokko malee.

Fakenya, yoo namni tokko lamummaa biyya lamaa gabaatee, kan Jiibuutii irraa ta'ee jalqaba eegumsa ga'aadhaaf biyyaa Gibxin gaafatee achitti sodaa godhachuun egumsa ga'aa dhabee ibsachuu qaba.

Namni haala wwaan armaan olitti keessatii ramadaman mirga eegumsa baqatummaa Keeniiyaa keessatti argachuu hin eeyyamamuuf.

Sababoot sakarkaan baqatummaa mulqamuu yokan irraa fudhathamuu kan danda'u;

- ☞ Yoo namni kamiyyuu biyya irraa dhufetti nagaan fedhii isaan deebi'ee eegumsa bilisaa mirgaa isaa kan argatu yoo ta'ee yokan,
- ☞ Iddo duraan lamummaa mulqamee deebisee argachuun fedhii isaan kan deebi'uu yoo ta'ee,
- ☞ Yoo lamummaa biyya haaraa argatan (fkn yeroo baqataan biyya sadaffa qubatu)
- ☞ Rakkooleen akka biyya haaraa ba'an kan isaan taasissee turee dhabamee ykn furmaata argatee, sababin hamansiisaa gara biyyaisanitti galuu isaan dhorkuu yoo hinjiraanne.
- ☞ Biyyaa egumsa ga'aa itti argatan osoo qabanii gara biyya sanaatti deebi'uu kan mormatu ta'ee, sodaa miidhamu tokkoyyu biyya sanatti hinqaban yoo ta'ee.

Eenyutu dhimma baqataa bulchuuf itti gaafatamummaa qabaa?

Seerri baqataa labsii kanaan mummee dhimma baqataa akka muummeetti ittigaafatamummaa hundaa bulchuu, qindeessuu fi ogganaa dhimma baqataatti. Mummeen dhimma baqataa miniisteeta immiigireeshinaa fi galmee namaa jalatti kan argamudha. Qondaaloonni labsii seera kanaan hundeffaman:-

1. Koomishineera Dhimma Baqataa

Isheen/ inni durabu'aa mummichaatii. ykn (inni/isheen qajeelchaa dameesanatii) Isheen/inni ittigaafatamummaa.

- Imaammaata dhimma baqata utubudhaan sadarkaa adunyattii diriirisu.
- Akka furmaata yero dheera argatan dura su utums gochuuf gaafata baqatummaa keeniyaa keessatii mirkaannessuu.
- Halawwaan baqataan hawasaa biyyaa kana waliin jaalatan wal simataani jiraachuu danda uu dhaabilee gargarsaa keennanii fi michuwwan mamiltoota waliin dalaguu.
- Dhabilee bakka bu uutota mootummoota walta anii fi jaarmayalee kan biro waliin ta uun baqataan keeniyaa keessa jiru hala mijeessuun akka tajajilaa ga aa eegamsa simannaf qarqarsa dhabee argataan taasisuu.
- Iyyaannaa dhiyate fudhuun akka murtee sadarkaa baqatummaaf dhiyatu ademsisuu.
- Baqata hunduma galmeessuu.
- Waraqaa enyummaa baqata haromsuu fi waraqaa himaaltummaa qophesu (travel document).
- Walga ii koree dhimmaa baqata qindeessuu.
- Murtii kore kanaa hoji irra oolchu.
- Mooraa baqata oganuf haalota walfakatoo mijeessuu.
- Gorsa yokan yaada waa ee baqata hundee dhaan utubaanii dhabuu bakkaawwaan baqatan baayyiinnan jiratuttii minsiteerchaaf dhiyeessuu.
- Gorsaa ministerichaaf haala faandii yokan deegaarsi sagantaa dhaan argamee hawaasnii baqata hamma tee jiratuu itti dalage gargaramuu danda u kan akka qabenya umammaa fi mootummaa naannoo waliin halli mijataa umamu keennu.
- Haala qabeenyi hundaa dhaan kunuunfamee jiraachuu danda'u naannawaan baqataan qubateetti dalaguu.
- Akka seera labsii baqataa kanaatti shakkam tuuta badii raawwatan to'annaa jala oolchuu.

Shoorri bayyee barbachisaa koomiishineera kanaa iyyannaa dhiyaateen fuudhuu, gaafi fi deebiin mirkaneeffachuu (**interview**), fi murtii sadarkaa baqatummaa mirkaneessuu dhaan addaan baasuu. Adeemsi kunis sadarkaa baqatummaa mirkaneessuu (**refugee status determination**) jedhama. Maal jeech uakka ta'ees dhimma barreeffama kanaa irratti qophaatti ibsame argama.

2. Boordii Ol-iyannaa Baqattummaa (Appeals Board)

Boordiin ol-iyannaa baqataa qaama bilisaa kan mummee dhimma baqataattii adda baheedha durataa'aa fi miseensota miniisteeri chaan mudaman of- keessatti ni qabaata.

- Seerri baqataa kun gaafatoonni mirga baqatummaa mormataman yeroo jalqabaaf yoo ta'ee ol-iyannaa boordii ol-iyannaatti dhiyeffachu dhanda'u. Booreiin ol-iyannaa kunis iyyata issanii ilaalee murtii itti keenna.
- Boordiin ol-iyannaa kun miniisteericha irraa odeeffannoo barbaadu gaafatee dhimma gafataa baqatummaa sanaa argachuun qoraanna kan biro geggeessu ni danda'a.

3. Koree Dhimma Baqataa

Seerri baqataa kun koree dhimma baqataa ittigaafatamummaa akka gorsa barbaachisaa dhimma baqataa koomihinneera dhimma baqataat keennan dhaabee jira. Koreen kun miseensota bakka adda addaa irraa kan miniisteera mootummaa irraa fi mummee hammateedha. Harka sadiin keessa tokko (1/3) dubartoota. Miseensonni koree kanaas bakka bu'uuta

- Bulchiinsa naannolee irraa
- Poolisa irraa
- Ittigafatamtoota miniisteera dhimma baqataa.
- Miniisteera dhimma haajaa alaa irra
- Miniisteera mootummaa naannoo irra
- Waajjira aabaa alangaa ykn miniisteera karoora biyyoolessaa irraa
- Miniisteera maallaqaa ykn miniisteera karoora biyyoolessaa irraa
- Mummee immigireeshinaa irraa
- Miniisteera dhimma nageenya biyya keessaa
- Taajaajila tikaa nageenya leessaa irraa
- Damee galmee waajjira biyyooleessaa irraa

Koreen kun koomiishineeraa fi dameedhimma baqataa haala ogummaa fi dandeettii issaniin gorsaa fi ijaarsa ni keennu.

Seerri kunis miseenssonni hawaasa baqataan keesa jiraa tuu fi miseensoonni hawaasa siviilii (Fkn. Dhaabilee miti-mootummaa) akka keessatti hirmaatanii deggeersa koree kanaaf godhaan ni dubbataa.

4. Qondaala Mooraa Baqataa

Qondaalli mooraa baqataa nama ittigaafatummaa moraa baqataa qabudha. Inni/ isheen hojiinwaan murtaa'aa kan akka:-

- Mooraa baqata buichuu
- Simachuu fi galmeessuu gaafatoota baqatummaa rawwachuun iyyaata dhiyatani wajiira komishineeraatti dabarsu.
- Sirna ragaasisu sadarkaa baqatummaaf wajjiira komiishinariichaa tti dhiyessu
- Baqatoonni moora keessaa dokmentii barbachiisaa haromfataanii qabachuu isaan mirkaneeffachuu
- Moraa baqataa halaa ququllinni isaa egaamee jiraatuuf qilleensaa qulqulluu qabaatu sirna bulchiinsaa naannoo eyuu rawwachu
- Halaa waliigala nageenya naannoo qindeessuu egumsa fi degarsaa barbaachisaa baqata moora keessaa jiru gochuu
- Bagattoota mooraa bagattaa keessaa bahanii ala socho'uu/ deemu fedhaniif waragaa isaan ittin deemuu /socho'uu danda'an qopheessaaf.
- Qaamota hawaasaa: dubartoota, fi ijoollee fi garee gargaar-saa adda barbaaduuf tikaa fi gagaarsa godhaaf.
- Gaafatoonni baqatummaa fi baqatoonni haala seera biyyooleessattii buluu fii ittin taliguu mirkaneessuu

5. Qondaala Muudamaa

Qondaala muudamaan warraa ministeeraan tajaajiltoota ummaataa irra waamanii hojiiwwaan seerri kun akkaa hojjeetuu ajaju hunda hojjeetanidhaa;

- Dalagaa isaanii kanneen armaan gadittii ibsaaman qabaatu.
- Gaafatoota baqatummaa bakka gidduu galeessaa simannattii nisimatu
- Iyyaata gaafa baqatummaa irraa fuudhuun iyyaata isaanii gara waajjirs komishiinichaattii erguu.
- Ashaaraa qubaa fuudhuu suura kaasuu x rays (raaji)kaasuuf kanneen biro kan eleekitirkaan oddeeffannoo fudhatman baqata irraa gaafatoota baqatummaa irraa fi maatii isaanii irraa fudhuu in teer viiwu(Interview) baqata kamiyyuu ta e gaafata baqatummaa haala labsiin seera baqata kan hajajuunii tolchuu.
- Qaamaan barabaaduun baqata y k n gaafata baqatummaa fi maatii isaanii argu danda u.
- Kuniis sababoota lamaan armaan gadiin ta a;
 - a. qondaalli yoo sababa amansiinisaa baqataan y k n gaafataa baqatummaa seera baqataa kanaa cabsee y k n seera kanaa irraa daabee badii dalaguuf kan adeemsaa irraa jiru ta uu qabaatee y k n
 - b. yoo sababa quubsaa fi amansiisaaa baqataa gaafata baqatummaa fi misensoonnii maatii isaanii adeemsa sadarkaa baqatummaa isaanii ilaalchiisee odeeffannoo sobaa y k n genyummaisaaan yoo dhoksaanii jiratan.

Qondaalli mudamaan dirama baqataan dhiiraa qoondaala dhiiraan baqatuun dubaratiis qondaala dubartiin sakata'amu isaaniin hordofuu qaba.Qondalli dirqama kabajaa namummaa baqataa ykn gaafataa baqatummaa kabajuu qaba.

Yoo qondaalli mudamaa hinjirree, hojjeetaan waajjira nama biraa sakata'uu taasisuu ni danda'aa haa ta'u malee sirni sakata'insaichaa dhiirri,dhiira baqataa, dubartiin dubartiin baqatuu sakata'uu danda'uu qaba.

Adeemsa sadarkaa baqatumma mirkaneessuu

Adeemsa sadarkaa baqatumma mirkaneessuu jechuun adeemsa ittiin mummeen dhimma baqataa iyyata dhiyaatee xinxalee egumsa baqataa Keeniiyaaf itti keennudha.

- ☞ Seerri labsii kun akka jedhutti namni egumsa baqatummaa barbaadee karaa seeraanis ta'ee seeraan ala yoo Keeniiyaa seenee baqatumma gafatachuu mirga guutu qaba.
- ☞ Mummeen dhimma baqataa ittigaaftamummaa bakka giddu galeessa galmee baqatootaa qaphessuun simatee galmeessu qaba.
- ☞ Namni kamiyyuu egumsa ga'aa baqatummaa barbaadee yoo Keeniiyaa seenu waanti dirqama jalqaba raawwachu qabu koomiishineerichatti dhyaatee gabaasaa galmaa'uu qaba.
- ☞ Gaafatan baqatummaa tokkoo erga Keeniiyaa seenee/seentee kaasee guyyoota 30(sodoma) keessatti as seenu isaa/ishee ibsuu qabu. Yoo gaafataan baqatummaa kun hinraawwatin hafee/haftee seeraan himatamee mana murtiitti dhiyaachuun adabii ksh. 20,000(kuma digidama) ykn hidhaan baatii 6 (ja'a)ykn hidhaa fi adabbiin mallaqaa waltakkatti murtaa'uu dhanda'aa.
- ☞ Yoo inni/isheen maatii qabaatan wal faana ta'uun fuula dura qondaala mudamaatti dhiyyachu qaba.
- ☞ Gaafatan baqatummaa fi maatiin issa gadfageenyaan waa'een isaanii galmaa'ee ragaan (waraqaan eenyummaa gaafataa baqatumaaf keennamu ni qophaa'aaf)
- ☞ Addatti ragaan mataa issaanii kan umuriin isaanii 18 ol-ta'eef ni keennamaaf.
- ☞ Yeroo tokko erga qaafata baqatummaa ta'aniin galmaa'anii baqataa seeraan alaa jedhamanii hidhamuu irraa bilisa ta'u. biyya Keeniiya keessa hanga murtiin adeemsa mirkaneessu sadarkaa baqatummaan isaaniif raawwatutti jiraachu mirga qabu.
- ☞ Adeemsa ragaasisuu sadarkaa baqatummaa keessatti, gaafataan baqatummaa keessatti, gaafataan baqatummaa tokko qundaala dhimma baqataatti dhiyaatee sirna gaafii fi deebiitiin haala sababa biyya ishee/issa

irraa itti ba'uu danda'ee fi kan byyatti issa/ishee deebisuu hin dandeenye ibsachuun dirqama ta'a.

- ☞ Qondaalli mummee waan gaafataan baqatummaa dhiyeeggatee galmeessee yerro tokko tokko irra deebi'aa sakata'ee xinxaluun dhugaa qabeessummaa mirkaneeffata. Guyyoota 90 (sagaltama) keessatti koomiishinicha murtii baqatummaa ragaasisuu ykn baqatummaa mormachuu Keeniyaa keessatti keenna.
- ☞ Gaafatan baqatummaa kun yoo baqatummaa mormamee jiraatee, guyyaa koomiishinich murtii kenneef kaasee guyyoota 14 (kudha afur keessatti) barreeffaman haala murtichaa ibsuun koomiishinicha in keenaaf haala maaliif akka mormamees, haala filanoo ol-anna itti dhiyaafatu ibsaaf.

Ol-iiyannaa

Yoo gaafataan baqatummaa iyyannoon issa yeroo jalqabaaf qofaa baqatummaa mormaameef/mormatee, dhimma ishee/isaa ol-iiyannoon boordii ol-iiyannootti dhiyeessu ni danda'a.

- ☞ Gaafaraan baqa tummaa ol-iiyannaa isaa guyyoota 30 (sodoma) gaafa baqatummaa mormamuun murtiin negaatiuaa isaa/ishee ga'ee kaasee barreeffaman boordii ol-iiyauaatti dhiyeefachu qaba/qabdi.
- ☞ Boordiin ol-iiyanna gaafataa baqatummaa kana inteerviivu gochuun murtii ni keennaaf. Bordichis murtii leennuuf barreeffaman gaafataa baqatummaan wal-qunnamu.
- ☞ Yoo murtiin boordii ol-iiyannaa irraa keennamu mormamaa ta'ee, gaafatan baqatummaa filannoo dhimma isaa mana murtiin ol-aanaa Keeniiyaatti yeroo dhiyeefachuu qaba. Iyyanna issa/ishee guyyoota 21 (digidam tokko) erga murtii mormii boodii ol-iiyannaa irraa fudhatanii ta'aa.
- ☞ Yeroo adeemsa kana keessatti, seerri kun gaafatan baqatummaa kun seera qabeessummaan akka biyya kana keessa hanga murtii xumuraa argatu/ argatutti jiraccachuu ni eyyamaaf.

Murtii xumuraa booda maaltu raawwata?

Yemmuu murtiin qajeelaa ta'ee keennamu ykn ragaasiuu sadar kaa baqatummaa

- ☞ Iyyataan mirga baqatummaa isaa kan mirkanaa'eef waan ta'eef biyyaa Keeniiya keessa akka jiraatu ni eyyamamaaf akkasumas egumsi ga'aa baqatummaa hanga biyya keessa dhufetti deebi'uu danda'uuttii fi biyya sadaffatti qubatuutti ykn haalawwaan furmaata yeroo dheeraa argatuutti ni godhamaaf.
- ☞ Maatiin isaanii akka Keeniiyaa keessa taa'an baqatummaan ni eyyamamaaf hang baqataa ta'anii waliin jiraatanith eegumsi hamansiisaa ni taasifamaaf.
- ☞ Baqataan qarqqaa eenyummaa ni fudhata, miseensonni maatii umuriin isaanii waggaa 18 ol ta'an kan baqataatti hirkataanii fi kan sadarkaa baqatummaa sababa issa/isheen aragatan akka dhunfaatti waraqaa enyumma argatu.
- ☞ Firootan baqataa of- danda'anii erga sadarkaan baqatummaa mirkanaa'eef booda Keeniiyaa yoo seenan qofaatti ofii isaanii haala baramaa ta'een of gabaasuun mirkaneesuu sadarkaa baqatummaaf iyyachuu qabu. Koomiishineerich iyyata isaanii xinxalee akka Keeniiyaa keessatti baqatummaan jiraatan eeyyemuuf ni danda'aa. Kanafuu miseensonni maatii kun maatii baqataa ta'anii baqatummaan armaan dura mirka'naa'eef waliin waliin jiraachuu danda'u.
- ☞ Yoo haatii manaa ykn abban manaa wal-hiitee kan yoo abbaa manaa tuu baqatummaa mirkanaa'eefii jira ta'ee, haatii manaa ammayyu baqatmman ishee raga'eefii tura, haalumaa walfakaatuun haadha manaatu baqatummaa ragaasifameefii jira yoo ta'ee, kan abbaa manaas ragga'ameefii kan turuu ta'ee yoo wal-hiikan illee.
- ☞ Yoo abban manaa du'ee, haatii manaa baqatummaan ishee kabajamee tura, yoo haatii manaa dutees sadarkaan baqatummaa abbaa manaa raga'eema turaafii.

Yeroo murtiin mormamaa ta'uu: mormamuu sadarkaa baqatummaa

- ☞ Gaafataan baqatummaa kun ol-iiyyanaa boordii ol-iiyyannatti dhiyeeffachu danda'a. yoo murtiin issa/ishee mormamaa ta'ee jiraate dhimmicha mana murtii ol-aanaa Keeniiyaatti dhiyeeffachuu, yoo mana murtichatti ammas

mormamaa ta'ee murtaa'ee guyyoota 90 (sagaltama) gaaf murtii xumura keennamee kaasee haala mijeeffachuun Keeniyaa keessa ba'uu qaba/qabdi.

- ☞ Yoo qaafataa baqatummaan murtii mormii keennameef ol-iyyaanaa bakka kamittu hin dhiyeessin hafee, guyyaa murtii kana fudhateedaasee akka murtii xumuraatti lakka'amee guyyoota 90 (sagaltam) gidduuti haala mijeeffatee Keeniyaa keessaa ba'uu qaba.
- ☞ Yoo Keeniyaa keessatti guyyoota 90 booda sababa qubsaa malee fi waraqaa seeraa malee argamee baqataa seeraa alaa ta'ee mana murtiitti dhyaata.

Baqataan eessa jiraachuu danda'a?

- ☞ Miinsteerichi bakka muraasa Keeniyaa keessaa filatee giddugaleessa simannaa qopheessuun bakka jireenya yeroo gaafatoota baatumma taasisa ykn moora baqataa ijaara. Haata'u malee miniisteerichi hawaasa naannoo sana waliin marii godhee waliingaltee umuu qaba osoo mooraas ta'ee giddugaleessa simanna baqatootaa hin ijaariin dura.
- ☞ Mootummaa fi dhaanileen namummaa waliin ta'uun nyaata, bakka jireenya, tajaajila fayyaa fi feedhii jireenyaaf kan barbaachisaan mooraa baqataa fi bakka qubannaa yerootti ni qopheessu.
- ☞ Itti gaafatamummaa koomiisheniirchaatiin karaa qondaala dhimma mooraa baqataatiin sirni bulchiinsa mooraa baqataa haala egumsa naannoo eeguu danda'uu fi haaluma wol fakkataan rakkoo baqatootaa fi hawaasa naannoo eeguu danda'uun rawwatamu isaanii hordofa.
- ☞ Koomiishineerichi itti- gaafatamummaa nageenya, obbolaanummaa fi jaalala baqatootaa fi hawaasa naannoo gidduuti akka dagaagu taasisuu irraa eggama. Bakkawwaan baqataan jiraatu hundaatti.
- ☞ Baqataan eyyama mooraa baqataa ala jiraachuu argachuu danda'aa.

Mirgaa fi dirqama baqatoota Keeniiyaa keessaa.

Dirqamaa baqataa fi gaafatoota baqatummaa muraasa

- ☞ Baqataan fi gaafatan baqatummaa hundi seera Keeniiya jalatti buluufi ittin abomamuu qaba.
- ☞ Gaafatan baqatummaa biyya Keeniiyaa keessa jiraachuu isaaf dirqama galmaa'uu qaba.
- ☞ Baqataanis ta'ee gaafataan baqatummaa nagaan waliin jiraachuu akkasumas hawaasa naannoo waiin wal galeen jiraachuu qabu.
- ☞ Baqataanis ta'ee gaafataan baqatummaa hunduu dirqama qulqullinaa naannoo issa eguu qaba, dalagaan isaas kan qulqullina naannoo isaanii boreessu ta'uu hin qabu.
- ☞ Baqataanii fi gaafatoonni baqatummaa bifa kamiinuu diddaa (mormii), woraaqsa ykn tajaajila waraana daangaa keessa jiraatu qaxamuree hirmaachu hin danda'u hanga baqatummaan Keeniiyaa keessa jiruttii.
- ☞ Baqatoonni ykn gaafatoonni baqatummaa hundii ragaa yeroo irraa darbee haroomsachuun qabachuun irra jiraata.
- ☞ Baqatoonii fi gaafataan baqatummaa dirqama odeeffannoo dhugaa qabeessa ta'ee kan qondaala mudamaa ykn qondaala kan biro dogogrsuu hin qabne dhiyeeffachuu qaba yeroo dhimma isaa dhiyeeffatu.

Mirga baqataa fi gaafata baqatummaa muraasa;

- ☞ Gaafataan baqatummaa hundi iyyata baqatummaa isaanii Keeniiyaa keessatti dhiyeeffachuu akka isaanii ilaalamuun sadarkaan baqatumma mirkanaafuu gaafahu mirga qabu.
- ☞ Baqatanii fi gaagatan baqatummaa tokko dangaa seenuu Keeniiyaa dhorkamuu hinqabu. Kana jechuun hanga biyyaa keessa jiraatutti jireenyi isaa haala hamaa irra jiraateettii fi humnaan yoo dangaa seenuu dhorkamee deebi'ee galee jireenyi isaa haala hamaaf waan saaxilamuuf.
- ☞ Miseensonni maatii baqataa Keeniiyaa keessa jiran mirga egumsa baqatummaa argachuu qabu sababin isaas hirkatumman waan haqataa

sadarkaan baqatummaa isaa ragaa'ee waliin jiraataaif. Kunis “sadarkaa daaluummaan” argatan jedhama.

- ☞ Maatiin baqataa kun mirgaa sadarkaa baqatummaa isaanii kan sadarkaan baqatummaa raga'eefi turee yoo wal-hiikan ykn addan ba'an isaan irraa ykn yoo du'an.
 - Garuu yoo sadarkaan baqatummaa mikanaa'ee fii turee mootummaan muluqame, baqatummaan maatiiwwaan kan biroos walumaan irraa mulqama, haala kanaan miseensonni maatii dhuumfaadhaan akka haaromsamuuf addatti iyyachuu ni danda'uu.
 - Namni kamiyyu kan baqatummaan isaa/ishee irraa mulqamee akka haaraatti matii isaa/ishee waliin iyyachuudhan Keeniyaa keessa jiraachu hindanda'an.
- ☞ Gaafataan baqatummaa hanga murtii xumuraa argatuutti Keeniyaa keessa jiraachu guutuu qaba.mirgoonnii kunis baqataa seeran alaadha jedhamanii hidhamuu irraa bilisa ta'a
- ☞ Baqataan ta'ee gaafataan baqatummaa hundii mirga ragaa enyummaa isaa ibsu argachuu qaba.
- ☞ Baqataan hundii hujii kafaltii mindaa qabutti qacaramuu mirga qaba,qoqobiin nama lammii keenyaa hintaan irratti haala raawatuun qacaramuu dand'a jechuudha.
- ☞ Baqataan hundii mirgootaf dirqama seeraa waligaltee addunyaa Keenyaan mallateesite argachuu qaba.

Eegumsa dubartootaaf godhamu

- ☞ Dubartoonni baqataa ykn gaafataa baqatummaa ta'an mooraa baqataa keessatti kunuunsi ga'aan nigodhamaaf.koomiishinichi itti gaafatamummaa rawwii dhimma eegumsaa dubartootaa kana baqattootaafis ta'ee gaafatoota baqatummaaf akka mijaatu godha.
- ☞ Baqataanii fi gaafatuun baqatummaa dubartii umuriin ishee waggaa 18 ol ta'ee mirga waraqaa enyummaa mummee dhimma baqataan qophaa'uu argachu qabdi. Haatii warraa mirga dhunfaa isheetti abbaa manaa ishee malee waraqaa eenymmaa ishee ibsu argachuu qabdi, akkuma abbaan manaa qofaa isaatti ragaa barbaachisaa qabaachu danda'u jechuudha.

Eegumsa daa'imaniif ta'u.

- ☞ Daa'iman baqataas ta'ee kan gaafatoota baqataa hundinu mirga egumsaa fi deggeersa argachuu ni qabaatu. Koomiishineerich raawwiin kun galmaan ga'uu isaaniif haala mijataa addaa qindeessuun mooraa baqataa keessatti egumi daa'iman baqataafis ta'ee gaafatu baqatummaat akka godhamu taasisa.
- ☞ Daa'iman milloo hin qabne baqataa ta'anis gaafataa baqatummaa irra yoo jiraatan maatiin waliin jiraatan waliin ykn miseensota maatii isaanii waliin deggeersa barbaachisaa akka argachuu danda'aan ta'a.
- ☞ Yoo maatiin ykn fira isaanii argatan, daa'iman hundi akka maati isaanii waliin waliiti makaman deggeersi ni godhamaaf, mummee dhimma baqataa da'iman mirga isaanii kana akka argatan dhaabilee kan birro fi mummee kan biro waliin hojjechuutu irraa eegama.
- ☞ Yoo maatiin ykn firri daa'imaan kana hin argamiin akkuma daa'ima Keeniyaa maatii hin qabneetti godhamaaf.

Eegumsa garee miidhamoof godhamu

- ☞ Gareewwaan miidhamoon kan akka namoota qaama dhabeeyyii, jaarsoolii, ykn gadamoojii kan hawaasa keessatti deggeersa addaa barbaadan jechuudha. haal seera bulmaata labsii kanaan (kutaa dambii jala ilaalaa) mummee dhimma baqataa itti gaafatamummaa deggeersa barbaachisaa gareewwaan miidhamoof gochuu qabaata.

Mulqamuu Sadarkaa Aqatummaa Sababa Sageenya Biyyaattiin

- ☞ Koomiishineerich ango baqatummaa mulquu qaba, yoo waanti qabatamaa raawwiin ykn biyya kana keessa jiraachuun baqataa kanaa nageenya Keeniyaa miidhu danda'a ta'ee.
- ☞ Haala bu'uura kanaan ministeeri baqataa, gaafataa baqatummaa fi maatii isaanii biyyaa akka ba'an gochuu danda'aa yoo namni kun nageenya biyyaa keeniyyaaf sodaachisaadh jedhee shakee.

- ☞ Miniisteerrri dhimma kana miniisteera dhmma nageenya biyya keessa waliin marii'achuun adeemsa seeraa sirri ta'ee hodoofuundhaan kan raawwatu ta'aa. Osoo baqataa ykn gaafataa baqatummaa akka arii'amu hin godhiin dura (kunis sirna seeraa hordofuu jedhama)

Ofitti amanamummaa

- ☞ Kun dalagaa ga'ee hojjeetoota mummee dhimmaa baqataa ykn kan mudamee bakka bu'uummaa mummee dhimma baqataan hojjeetu odeffannoo waa'ee baqataa ykn gaafataa baqatummaa nama angoo ilaaluu qabuun ala dabarsee agarsiisuu hin dana'u.
- ☞ Yoo odeffannoo agarsiisuu ykn dabarsee akka ilaalawu barbaachisee haala adeemsa hojii kan ilaalatuun ykn eeyyama koomiishineriichaan gafaa ta'u.
- ☞ Yoo odeffannoo dabarsee nama hin eeyyamamneef keenne to'annaa jala ooluudhaan, mana murtiintti dhiyaatee adabii malaqaa ksh 20,000 ykn hidhaa hanga baati 6 (ja'aa) ga'uu, ykn hidhaa fi adabii mallaqaa wal-faana adabamuu danda'a.

Adabbi akka seera labsii kana jalaatti (himanna bu'uura labsii kanaatiin)

Gochaawwaan bayyeen kan labsii seeraa kana cabsan ni jiru. Seerri kun nama adabii malaqaa ksh 20,000 yokan hidhaa hanga baatii 6 (ja'aa) ykn lamaan isaa wal-faana akka adabamaan ajaja yoo: -

- ☞ Biyyaa kana keessa jiraachuu dhiyaachuun guyyaa 30 (sodoma) keessatti erga Keeniiyyaa seenee kaasse of hin galmeessiin hafee ykn,
- ☞ Osoo beekuu yoo odeffannoo sobaa qondaala mudamaatti dhiyeeffatee ykn,
- ☞ Beekaa gara hintaanetti mudama qondaalaa aggamuun kan dagooggorsuu yaalee yemmu qondaalichi haala raawwii seeraa kanaan dalagaa jirutti ykn,
- ☞ Yoo Keeniiyyaa keessaa akka ba'an ajaja manii ministeerichaan saaba nageenya biyyatiif jechaa hin ba'iin turan ykn,

- ☞ Yoo baqataa mitii ta'ee, ragaa baqatummaa isaanin ibsuu kamyyuu osoo hin qabaatiin fi yoo ajaja miniisteericha akka Keeniiyaa ha'an hin fudhatiin turan.
- ☞ Yoo bakka jireenya baqataa murtaa'ee jiru keessaa ba'uun eyyama malee bakka hin eyyamamne yoo jiraatan.

Dambii

Miniisteerich bambii adda addaa baasuudhaan akka seerii kun galmaan ga'uu taasisa. Dambii jechuun seeroota xinxiqqaa ministeerichaan qophaa'anii ta'ee seera paarlaamaan mirkana'anii jiran rawwii isaa guyyaa guyyaa keessatti hammatee raawwata.

Mummeen dhimma baqataa dambii seeraa adeemsa armaan gadiitii utubuudhaan dhaaba.

- ☞ Simachuun fi galmeessuun baqataa sirna ittiin rawwatamu qabuu hordofuun fudhatammaa Keeniiyaa keesatti argatu.
- ☞ Haaromsuu ragaalee baqataa, waraqaa eenyummaa dabalatee, ragaa himaltummaa (travel document) fi kan biro.
- ☞ Bakkawwaan murtaa'oo baqataan irra qubatee jiruu hundaa bulchuu (mooraa fi giddu galeessa simannaa yeroo).
- ☞ Eegumsa fi kunsuunsa addaa qaamoolee hawaasa keessaa dhiira, dhalaa, dargagoota, daa'imani, namoota miiltoo hinqabne, qaama hiruu kan ta'anfi gadamoojjii gochuu.

Dambiin kun dabalaataan gaafataan baqatummaa ykn baqataan akka deggeersa seeraa fi bakka bu'uummaa argachu qaba. Kunis fedhii baqatichaa ykn gaafataa baqatummaa irratti hundaa'uun yoo deggeersa seeraas ta'ee bakkaa bu'uummaa barbaade tajaajila kana argata.

Annex 1. **Service Charter of the Refugee Affairs Department 2007 - 2008**

No	Service rendered	User charge	Time line
1.	Registration of asylum seekers	Nil	1 day
2.	Maintaining an appropriate registration and documentation system for refugees	Nil	Weekly
3.	Issuing identification cards to bonafide refugees	Nil	3 months
4.	Issuing movement passes to refugees residing in Kakuma and Dadaab camps	Nil	3 days
5.	Processing of Conventional Travel Documents	Nil	15 days
6.	Processing of applications for exit stamps	Nil	5 days
7.	Response to refugee complaints	Nil	7 days
8.	Holding consultative meetings with implementing partners	Nil	1 day
9.	Response to urgent correspondence	Nil	3 days
10.	Processing of applications to visit refugee camps	Nil	14 days

***Courtesy of the Department of Refugee Affairs, Ministry of State for Immigration and Registration of Persons**